Oromo

# READING, LEARNING & GROWING

IS FOR EVERYONE

www.spl.org/SOL




## TAPHICHA TAPHADHAA

**Qajeelfamoota:**

1. Guyyaa guyyaan hojjechuu qabdan gocha tokko kan dubbisuu, barachuu ykn guddachuu of keessaa qabu filadhaa. Kitaaba xiqqaa kana keessa sochiiwwan yaadaman ni jiru garuu kan keessanis tolchuuf bilisa ta'aa!
2. Guyyaa guyyaan yoo xiqqaate gocha tokko hojjettu, tuqaa tokko gameboard keessan irratti guutaa.
3. Bakka 15 guuttan hundatti, kitaaba xiqqaa kana gara mana kitaabaa naannoo keessanii fidaatii waan barattan badhaasa xiqqoo tokkoo argachuuf qoodaatii maqaan keessan Dallaa Beekamtii irratti ol ba'a!!
4. Ayyaana dhuma bona irratti mana kitaabaa naannoo keessanii keessatti kabajaa (guyyoota isaaf toora interneetii keenya irratti ilaalaa) ykn Kamisa, Hagayya 7 Muziyeemii Burke keessatti yeroo Kamisa bilisaa isaanii isa jalqabaa ji'a kanaa kabaja Bona Barnootaa guddaa keenyaaf kabajaa! Waan isin barattan dhaga'uuf obsuu hin dandeenyu!

# Gochaalee kanneen yaalaa

## DUBBISUUN

### Nama Hundaaf!

**Dandeettii dubbisuu keessan ijaaraa**

- Maashaaleen dubbisuu keessan BAAYYEE cimsuuf guyyaatti daqiiqaa 20 dubbisaa.

**Beektuu laata:** Guyyaa guyyaan daqiiqaa 20 yoo dubbistan, waggaatti jechoota gara MILIYOONA 1.8 dubbistu!

- Dubbisuu fi barreessuun walfaana deema. Walaloo, seenaa, xalayaa ykn sirba barreessaa.
- Kitaaba baacoo, asoosama giraafikii ykn mangaa mataa keessanii barreessuu fi fakkeessuu yaalaa.
- Kaardii mana kitaabaa bilisaan kitaabota liqeeffadhaa! Damee tokko daawwadhaa ykn toora interneetii irratti iyyadhaa.



## BARUMSI

### Nama Hundaaf!

**Gochaalee nama hawwatan kanneeniin baradhaa**

- Yeroo seenaa, sagantaa ykn taatee mana kitaabaa keessatti argamu irratti hirmaadhaa.
- Tapha tokko taphadhaa! Taphoota gabatee, taphoota viidiyoo ykn Hiibboo yaalaa.
- Muuziyeemii, agarsiisa aartii ykn wiirtuu aadaa naannoo keessanitti argamu daawwadhaa.

**Beektuu Laata:** kanneen armaan gadiitiif kaardii mana kitaabaa keessan fayyadamuu dandeessu:
- Tutor.com irraa barnoota bilisaa argachuu
- Afaanota Maangoo fayyadamuun afaan haaraa Barachuu
- Kitaabota fakkii haasa'aa socho'aatiin TumbleBookLibrary keessatti taphachuu



## GUDDACHUUN

### Nama Hundaaf!

**Gocha kan guddina guddisu yaalaa**

- Bonni paarkiiwwan ajaa'ibsiisoo Seattle keessaa tokko daawwachuuf yeroo gaarii dha!
- Gosoota biqiltootaa iddoo biqiltuu ykn naannoo tokko keessatti biqilan adda baasuu fi barachuu.
- Qophii nyaataa jaallattan barreessaa, tolchaa, akkasumas namoota jaallattan waliin qoodaa.

**Hawaasa keessan** gaarummaadhaan guddifadhaa:
- Osoo hin gaafatamin waan gaarii hojjedhaa
- Naannoo paarkii tokkoo nama guddate keessan waliin kosii kaasaa
- Mucaa haaraa naannoo keessan jiruuf nagaa gaafadhaa



**Ispoonsaroota keenya ni Galatoomfanna** | Barnoota Bonaa 2025 arjummaadhaan kan ispoonsara kan ta'e arjoomtoota Dhaabbata Mana Kitaabaa Hawwaasaa Seattle dha. | The Seattle Public Library Foundation